

STAY SAFE MN

Nama COVID-19'n Qabu Waliin osoo Walitti Dhufeenya Qabaattee Maal Gochuu akka Qabdu

Ofiikee, maatiikee fi hawaasa kee eeguuf, namoota kaan irra adda of baasuun, qoratamiitii mallattoowwan akka qaama gubaa, hirr'ina hargansuu, qufaa, qorra, bowwuu mataa, dhibee maashaalee, dhukkubbii qoonqoo, dadhabbii, funyaan cufamuu ykn dhandhamuu ykn urgeeffachuu dhabuu yoo qabbaatte hordofi. Baatiiwwan 3 darban keessaa COVID-19f qorannoo laaboraatorii pozativii kan qabdu yoo ta'een alatti, guyyaa dhumaa nama COVID-19'n qabameen walitti dhufte irraa kaasee, yoo xinnaate guyyoota 14'f qajeelfamoota kanneen hordoofi.

Warrakaanirraadda of baasi



Mana keessaturi. Kunuunsa barbaadda yoo ta'e, qajeelfamoota asiin gadii hordofuun barbaachisaadha. Hojii, mana barnootaa ykn mana keetiin ala bakka biraa hindeemiin.



Namoota yoo vaayirasii COVID-19'n qabaman tarii baayyee dhukkubsachu danda'an irraa fagaadhu, kunis namoota gaheessota umuriin deeman, kanneen dhaabbilee kunuunsaa keessa yeroo dheeraaf jiraatanii fi namoota rakkina fayyaa akka asimii, dhukkuba sukkaaraa, dhibbee onnee, dhibee tiruu, furdina garmalee qabanii fi kanneen sirna dhukkuba ittifachu dadhaba qabaan dabalata.



Yoo si dhukkubee, namoota kaan irraa dda of baasi mana kee keessatti. Hanga siif danda'ameetti, mana kee keessa namoota kaan irraa adda bahuun kutaa qofaa keessa turi.



Geejiba ummataatti hinfayyadamiin, kan akka ride-sharing (kanakka Uber ykn Lyft), ykn taaksi.



Maaskii fuulaa godhadhu yoo namoota biraa waliin ta'u barbaaddee ta'e, wayita qufaatuu fi axxiiffattu afaaniifi **funyaan kee sooftiin haguugadhu.** Harka sirriitti dhiqadhu.



Meeshaalee mana dhunfaa waliin qooddachu dhaabi. Nyaata, saahinaa, birciqqoo ittiin dhugamu, kubbaayyaawwan, meeshaa irratti nyaatamu, fookaa, ykn namoota mana keessatti bakka ciisaa namoota kaan waliin hin qooddattiin. Meeshaalee kanneeniitti erga fayyadamteen booda bishaaniifi saamudhaan sirriitti dhiqi.



Yeroo baayyee **hark kee** saamunaa fi bishaaniin sakandiiwwan 20'f **dhiqadhu** ykn saanitaayizarii qabiyyeen alkoolummaan isaa %60 harkaaf fayyadami. Harka hindhiqamneen fuula kee tuquu daabii.

Qoratami



Yeroo qorannoo fi bakka isini itti dhiyoo adda baafachuuf **dhiyeessaa kunuunsa fayyaa kee quunnam** ykn [Marsariitii Deebii COVID-19 Minesotaa dowaadhu \(https://mn.gov/covid19/for-minnesotans/if-sick/testing-locations/index.jsp\)](https://mn.gov/covid19/for-minnesotans/if-sick/testing-locations/index.jsp). Mallattoowwan qabaachuu yoo baatteelleen qoratami. Yoo bu'aan qorannoo kee pozatiivii ta'ee, gorsawwan dhimmoota COVID-19 kennaman hodofo. Guyyoota 14 oliif mana keessa turuun si barabaachisa ta'a. Bu'aan kee nagaatiivii ta'ulleen guyyoota 14'f mana keessa turuu si barabaachisa. Erga qoratamuun nagaatiivii taataniin booda mallattoowwan qabaannaan, irra deebiin qoratami.

Mallattoowwan dhukkubbii kee hordofi



Yoo mallattoowwan dhukkubbi iqabaattee, warra kaan irraa adda of baasitii, yeroo mallattoowwan dhukkuubbiitti mana turuu ilaalchisee gorsawwan fayyaa hawaasaa hordofi.



Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000
625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975
Danaagarabiraatiingaafachuuf health.communications@state.mn.ustiin nu quunnamaa.

07/23/2020 (Oromo)